
# Mirga Horsiisee Bultoonni Lafa Argachuuf Qaban

# የአርብቶ አደሮች መሬት የማግኘት መብት




**AKSHIIN FOOR DEVELOOPIMEENTII**

አክሽን ፎር ዴቨሎፕመንት

P.O.Box; 19859 afdethiopia@gmail.com

+251 011 662 59 76 www.afdethiopia.org

Addis Ababa, Ethiopia



**Produced by Action For Development with the support of Welthungerhilfe**

## Who We Are

Action For Development (AFD) is a local civil society organization registered with the FDRE Authority for CSOs, with certificate No. 0150. It became operational as an NGO in 1998.

## Our Vision

Empowered, resilient, and thriving citizens leading a dignified life in an enabling and sustainable environment.

## Our Mission

AFD is a learning organization, which in partnership with other development actors, complements the self-development initiatives of pastoral and other vulnerable communities in Ethiopia through undertaking programmes pertaining to resilient livelihoods, WASH and other basic services, natural resource management, social protection, DRM, and accountable governance, with the mainstreaming of such issues as gender transformation, Core Humanitarian Standard, capacity development, CCA, & youth empowerment.

## Our Objectives

The AFD programme, broadly, strives to contribute to the enhancement of:

- Food and nutrition security, and resilient livelihoods at the grassroots level
- Voice, space, and influence of deprived communities for the realization of citizen-responsive governance

## Our Key Thematic Areas of Engagement

- Resilient livelihoods.
- WASH and other basic social and economic services.
- Management and governance of natural resource.
- Social protection and disaster risk management.
- Civic engagement for accountable governance.

# Seensa

Hojiiwwan Action for Development hojjetu keessaa tokko mirga horsiisee bultootaa akka kabajamuf jecha hojiiwwan advookeesii imaammata jiranii irratti hojjechuu keeessa isa tokko. Haaluma Kanaan ergaawwan advookeesii kan waa'ee mirga horsiisee bultoonni lafa argachuu qaban ibsu qophaa'aniiru. Ergaawwan kunnin bifa poostaraatiin maxxanfamanii horsiisee bultootaa fi qooda fudhattootaaf kan dhiyaatan yoo ta'u; Ergaawwan kana caalaatti ibsuuf barreeffamni gabaabaan kun mata dureewwan armaan gadii irratti xiyyeeffachuun qophaa'ee jira.

- Mirgi heera mootummaa horsiisee bultoonni lafa bilisaan argachuu, ittifayyadamuufi lafasaaniirra buqqifamuu dhorku kabajamuufi eegamuu qaba,
- Mootummaan lafti horsiisee bulaa seeraan ala akka hinqabamne seerota dhorkan baasuu qaba,
- Mirgi horsiisee bultoonni beenyaa gahaafi ragaa abbummaa waliinii/waloo argachuuf qaban kabajamuufii qaba,
- Sochiin horsiisee bultootaafi beelladootasaanii daangeffamuufi dhorkamuu hinqabu,
- Adeemsa ittifayyadama lafaafi bulchiinsa lafaa keessatti hirmaannaa guutuun dhaabbilee aadaa horsiisee bultootaa mirkanaa'uu qaba,
- Dubartoonni horsiisee bultoota ta'an lafaafi qabeenya uumamaa mirga walqixa argachuu qabu.
- Adeemsa waa'ee murtii ittifayyadama bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa irratti, hirmaannaan dubartoota horsiisee bulaa dabaluu qaba.

Poostaroonni ergaawwan of keessaa qaban bakkeewwan ifatti mul'achuu danda'anitti erga maxxanfamanii booda hojjettoonni misoomaa ykn warri ergaa kana dabarsuu barbaadan barreeffama kana fayyadamuun ergaawwan advookeesii caalaatti hubachuu fi ibsuu ni danda'u.

# መግቢያ

አክሽን ፎር ዲቨሎፕመንት ከሚሰራቸው ስራዎች መካከል የአርብቶ አደሮች መብቶች እንዲከበሩ አላማ ያደረገ የፖሊሲ አድቮኬሲ ስራ አንዱ ነው። በዚህም መሰረት የአድቮኬሲ መልዕክቶች ከአርብቶ አደሮች መሬት የማግኘት መብት ጋር ተያይዘው ተዘጋጅተዋል። እነዚህ መልዕክቶች በፖስተር መልክ ታትመው ለአርብቶ አደሮችና ለባለድርሻ አካላት የቀረቡ ሲሆን ፤ መልዕክቶቹንም የበለጠ ለማብራራት የሚከተሉት አርዕስቶች ላይ ትኩረት አድርጎ ይህ አነስተኛ ጽሁፍ ተዘጋጅቷል።

- የአርብቶ አደሮች መሬት በነጻ የማግኘት፣ የመጠቀምና ከመሬታቸው ያለመፈናቀል ህገ-መንግስታዊ መብታቸው ሊከበርና ሊጠበቅ ይገባል፤
- መንግስት የአርብቶ አደሮች መሬቶች አላግባብ እንዳይያዙ የሚከላከሉ ህጎችን ማጽደቅ አለበት፤
- የአርብቶ አደሮች የጋራ ባለቤትነት የምስክር ወረቀትና የተመጣጠነ ካሳ የማግኘት መብት ሊከበር ይገባል፤
- የአርብቶ አደሮችና የእንስሶቻቸው እንቅስቃሴ ሊገደብና ሊከለከል አይገባም፤
- በመሬት አጠቃቀምና አስተዳደር ሂደት ላይ የአርብቶ አደሮች ባህላዊ ተቋማት ሙሉ ተሳትፎ ሊረጋገጥ ይገባል፤
- አርብቶ አደር ሴቶች መሬትና የተፈጥሮ ሀብት የማግኘት እኩል መብት አላቸው፤
- አርብቶ አደር ሴቶች በመሬትና በተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና አስተዳደር ውሳኔ ሂደት ላይ ያላቸው ተሳትፎ ማደግ አለበት።

መልዕክቶቹን የያዙት ፖስተሮች በግልጽ ሊታዩ በሚችሉ ቦታዎች ላይ ከተለጠፉ በኋላ የልማት ሰራተኞች ወይም መልዕክቱን ለማስተላለፍ የሚፈልጉ አካላት ይህንን ጽሁፍ በመጠቀም በአድቮኬሲ መልዕክቶቹ ላይ የተሻለ ግንዛቤ ለማሰጨበጥና ገለጻ ለማድረግ ይችላሉ።

**1. Mirgi heera mootummaa horsiisee bultoonni lafa bilisaan argachuu, ittifayyadamuufi lafasaaniirra buqqifamuu dhorku kabajamuufi eegamuu qaba.**

የአርብቶ አደሮች መሬት በነጻ የማግኘት፣ የመጠቀምና ከመሬታቸው ያለመፈናቀል ህገ መንግስታዊ መብታቸው ሊከበርና ሊጠበቅ ይገባል።



Horsiisee bulaafi naannawaan horsiisee bulaa bakkeewwan hanqina roobaa qaban keessaa tokko. Naannawaan horsiise bultootaa kunniin itti fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya uumamaatiif murteessoo akkasumas madda beekumsa aadaa fi buleeyyii dhaabbilee itti fufiinsa qaban, mijataa fi milka'aa taheedha.
Lafti hawaasa horsiisee bulaatiif bu'uura jiruuti. Horsiisee bultoonniifi gariin horsiisee bultootaa lafa dheedichaa loonsaaniitiif, hojiilee qonnaa xixiqqaaf, madda albuudaatiif, iddoowwan jireenyaaf, bishaaniifi dhimmoota biroof kan itti fayyadamaniidha. Hawaasa horsiisee bulaa biratti laftiifi qabeenyi uumamaa biroon bu'uura jiruufi jireenyaati.

Heera Mootummaa Federaalaa Itoophiyaa, keewwata 40, keewwata xiqqaa 5 jalatti horsiisee bultoonniifi gariin horsiisee bultoota Itoophiyaa mirga lafa dheedichaafi qonnaaf oolu bilisaan argachuufi lafasaaniirraa buqqifamuu dhiisuu akka qaban tumameera.
Akkasumas heerichi itti fayyadama lafaa fi qabeeny uumamaa biro karaa aadaa fi duudhaa hawaasichaan waloon akka itti fayyadamaniif beekamtii kenneera. Haa ta'u malee, mirgi isaaniifi eegumsi taasifamuuf heeraafi guutummaatti beekamtii argachuurraa kan hafe, seerri bal'aan haala yeroo ammaa horsiisee bultoonniifi gariinhorsiisee bultootaa ittifayyadama lafaa waliin wal qabattee

jiru akkasumas seerri mirgootasaanii kabachiisuu danda’u kanneen hojiirra oolchuuf dandeessisuufi naannawasaanii tilmaama keessa galche hojiirra oolaa hinjiru. Kanaafuu mirgi heeraa horsiisee bultootaa kun mootummaafi kutaalee hawaasaa birootiin ifatti kabajamuufi eegumsa argachuu qaba.

አርብቶ አደርነት ለደረቅና ዝናብ አጠር አካባቢ ተስማሚ የሆነ፣ ለተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና ጥበቃ ወሳኝ የሆኑ ነባርና ባህላዊ እውቀቶችና ተቋማት ባለቤት የሆነ ዘላቂ፣ ተስማሚና አዋጭ የኑሮ ዘይቤ ነው። መሬት ለአርብቶ አደሩ ማኅበረሰብ የህልውናው መሰረት ነው። አርብቶ አደሩና ከፊል አርብቶ አደሩ መሬትን ለግጦሽ፣ ለአነስተኛ የእርሻ ሥራ፣ ለማዕድን ምንጭነት፣ ለመኖሪያ ቦታ፣ ለውሀ ሥፍራ እና ለሌሎች ጉዳዮች ይጠቀማሉ። በአርብቶ አደር ማህበረሰቦች መሬት እና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶች በባህላዊ የጋራ ባለቤትነት እና ይዞታ መሰረት የሁሉም ማህበረሰብ አባላት ሀብት ናቸው።

የኢፌዴሪ ህገ መንግስት አንቀጽ 40 ንኡስ አንቀጽ 5 የኢትዮጵያ አርብቶ አደሮችና ከፊል አርብቶ አደሮች ለግጦሽ እና ለእርሻ የሚሆን መሬት በነፃ የማግኘት እንዲሁም ከገዛ መሬታቸው ያለመፈናቀል መብት እንዳላቸው ይደነግጋል። እንዲሁም መሬትንና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶችን በጋራ ለሚጠቀመው ባህላዊ ስርዓታቸው እውቅና ሰጥቷል።
ይሁን እንጂ ይሄው መብታቸውና የሚደረግላቸው ጥበቃ በህገ-መንግስቱ በጠቅላላው እውቅና ከመሰጠቱ ውጪ የአርብቶ አደሮችንና ከፊል አርብቶ አደሮችን አካባቢያዊና የመሬት አጠቃቀም ነባራዊ ሁኔታ ከግምት ያስገባና እነዚህን መብታቸውን ተግባራዊ ለማድረግ የሚያስችል ዝርዝር ህግ ጸድቆ እየተተገበረ አይደለም። በመሆኑም ይህ የአርብቶ አደሮች ህገ መንግስታዊ መብት በመንግስትና በሌሎች የህብረተሰብ ክፍሎች በግልጽ ሊከበርና ሊጠበቅ ይገባል።

## 2. Mootummaan lafti horsiisee bulaa seeraan ala akka hinqabamne seerota dhorkan baasuu qaba.

መንግስት የአርብቶ አደሮች መሬቶች አላግባብ እንዳይያዙ የሚከላከሉ ህጎችን ማጽደቅ አለበት፡፡



Imaammata mootummaa kanaan duraa keessatti horsiisee bulummaan akka mala jireenyaa bu'aa qabuutti waan hinilaalamneef kaayyoo haala jireenyaa horsiisee bultootaa jijjiiruuf yaadameen gochoonni lafasaaniirraa buqqisuu raawwatamaa turaniiru.

Imaammataafi tarsiimoon misooma horsiisee bulummaa haaraan bara 2012 ragga'e horsiisee bulummaaf akka mala jireenyaatti beekamtii kennuudhaan kanneen kanaan dura turanirraa kallattii adda ta'e kaa'eera.

Haa ta'u malee eegumsi/dhorkaan  seeraa sirriin dhabamuurraa kan ka'e waggoota dhiyoo as lafti marga dheedichaa horsiisee bulaa heektaara kumaatamaan lakkaa'amu invastarootaan, qonnaaf, albuudaaf ykn kaayyoo biraatiif irraa fudhatamaa jira.

Gochi kunis horsiisee bultoota iddoowwan aadaasaaniirraa buqqisuun, iddoo marga dheedichaas ta'e bakkeewwan bishaan dhugaatii dhorkuudhaan, walumaagalatti qabeenya uumamaasaanii haphisee/hirrisuun dandeettii balaa namtolcheefi uumamaa ofirraa ittisuusaanii hir'isuun balaadhaaf saaxileera. Dabalataanis, gochoonni kana fakkaatan sochii horsiisee bultootaafi beelladootaa daangessuudhaan jireenyasaaniirratti dhiibbaa ittifufiinsa qabu dhaqqabsiisa.

.

Kanaaf mootummaan mirga heeraa horsiisee bultoonni lafasaaniirraa buqqifamuu dhabuufi laftisaanii seeraan ala akka hinqabamne dhorku raggaasisuufi raawwachuudhaan faayidaa horsiisee bultootaa guddisuu qaba.


በቀደሙ የመንግስት ፖሊሲዎች አርብቶ አደርነትን እንደ አዋጭ የኑሮ ዘይቤ ባለመቁጠር የአርብቶ አደሮችን የህይወት ዘይቤ ለመለወጥ ያለሙ ከመሬታቸው የሚያፈናቅሉ ድርጊቶች ሲፈጸሙ ቆይተዋል። በ2012 ዓ.ም የጸደቀው አዲስ የአርብቶ አደር ልማት ፖሊሲና ስትራቴጂ አርብቶ አደርነትን በራሱ እንደ የአኗኗር ዘይቤ እውቅና በመስጠት ከቀደሙት የተለየ አቅጣጫ አስቀምጧል።

ይሁን እንጂ ተገቢው የህግ ከለላ ባለመኖሩ ምክንያት በቅርብ ዓመታት በሺህ ሄክታር የሚቆጠር የአርብቶ አደሮች የግጦሽ መሬት በኢንቨስተሮች ለእርሻ ወይም ለማዕድን ወይም ለሌላ አላማ እየተነጠቀ ይገኛል። ይህም ድርጊት አርብቶ አደሮችን ከባህላዊ ቦታዎቻቸው በማፈናቀል፣ የግጦሽም ሆነ የውሃ ማጠጫ ቦታቸውን በማሳጣት በአጠቃላይ የተፈጥሮ ሀብቶቻቸውን በማመናመን የሰው ሰራሽና የተፈጥሮ አደጋዎችን የመቋቋም ችሎታቸውን በመቀነስ ህልውናቸውን አደጋ ላይ ጥሏል።

በተጨማሪም ይህን መሰሉ ተግባር የአርብቶ አደርና የእንስሳትን እንቅስቃሴ በመገደብ በኑሯቸው ላይ ዘላቂ ተጽዕኖ አሳድሯል። በመሆኑም መንግስት አርብቶ አድሮች ከመሬታቸው ያለመፈናቀል ህገ መንግስታዊ መብታችውን የሚያሰከብሩና መሬቶቻቸውን አላግባብ ከመያዝ የሚከላከሉ ህጎችን በማጽደቅና በመተግበር የአርብቶ አደሮችን ተጠቃሚነት ማሳደግ አለበት።

# 3. Mirgi horsiisee bultoonni beenyaa gahaafi ragaa abbummaa waliinii/waloo argachuuf qaban kabajamuufii qaba.

**የአርብቶ አደሮች የጋራ ባለቤትነት የምስክር ወረቀትና ተመጣጣኝ ካሳ የማግኘት መብት ሊከበር ይገባል፡፡**



Mirgi lafti, yommuu faayidaa ummataaf oolu beenyaa walmadaalawaa argachuu heera keessatti bal'inaan labsiidhaan deeggaramee kutaalee biyyattii birootti beenyaa qabiyyeefi omishaa kennuudhaan hojiirra oolaa jira.

Haa ta'u malee, seerriifi labsiin bal'aan haala ittifayyadama lafa waliinii horsiisee bultootaa tilmaama keessa galchuun gatii lafaafi qabeenya uumamaasaanii biroof beenyaa madaalawaa kennu hanga ammaa ragga'ee hojiirra ooluu hindandeenye. Qabiyyee horsiisee bultootaatiif beekamtii kennuuf tattaaffiiwwan tokko tokko sadarkaa yaaliitti jiraatanis, sirni walfakkaatataan biyyaalessaa lafa biyyattii galmeessuun ragaa qabiyyee kennu, haala horsiisee bulaa hammateen hojiirra oolaa hinjiru.

Sababuma kanaan horsiisee bultoonni abbummaa lafa waloosaaniif ykn mirga ittifayyadamuu argachuu maluuf/malaniif beenyaafi beekamtii abbummaa waloo argachaa hin jiran. Kanamalees, bu'aafi faayidaa lafa ofii kireessuu qonnaan bultoonni ragaa abbaa qabeenyummaa qaban argatan, horsiisee bultoonniifi gariin horsiisee bultootaa waraqaa ragaa abbummaa waloosaanii mirkaneessu waan hinqabneef bu'aa malu argachaa hinjiran akkasumas hin turre.  Kanaafuu, mirgi horsiisee bultoonni beenyaa walmadaalaaa tahe argachuufi waraqaa

ragaa abbummaa waliinii/waloo qabaachuuf qaban, karaa seeraafi sirna raawwachiisummaatiin beekamtii argachuufi kabajamuu qaba.

በህገ መንግስቱ የተደነገገው ንብረት ለህዝብ ጥቅም ሲውል ተመጣጣኝ ካሳ የማግኘት መብት በዝርዝር አዋጅ ተደግፎ በሀገሪቱ ሌሎች አካባቢዎች ለይዞታና ምርት ካሳ በመስጠት እየተተገበረ ይገኛል። ይሁን እንጂ የአርብቶ አደሮችን የጋራ የመሬት አጠቃቀም ነባራዊ ሁኔታን ከግምት ያስገባና ለመሬቶቻቸውና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶቻቸው ዋጋ የተመጣጠነ ካሳ የሚሰጥ ዝርዝር ህግ እስከ አሁን ጸድቆ ስራ ላይ አልዋለም።

አንዳንድ በሙከራ ደረጃ ያሉ ለአርብቶ አደር ይዞታዎች እውቅና የመስጠት ጥረቶች ቢኖሩም በሀገሪቱ የሚገኙ መሬቶችን በመመዝገብ የይዞታ ምስክር ወረቀት የሚሰጠው ሀገራዊ ወጥ ስርዓት አርብቶ አደሩን ባቀፈ ሁኔታ እየተተገበረ አይደለም።

በዚህም አርብቶ አደሮች ለጋራ የመሬት ባለቤትነታቸው ወይም የመጠቀም መብታቸው ማግኘት የሚገባቸውን የማካካሻ ካሳና የጋራ ባለቤትነት እውቅና በተገቢው መንገድ እያገኙ አይደለም። በተጨማሪም የይዞታ የምስክር ወረቀት ያገኘ አርሶ አደር መሬቱን በማከራየት የሚያገኘውን ጥቅም ለጋራ ባለቤትነታቸው ህጋዊ የምስክር ወረቀት ያላገኙት አርብቶ አደሮችና ከፊል አርብቶ አደሮች እያገኙት አይደለም።
በመሆኑም የአርብቶ አደሮች የተመጣጠነ ካሳና የጋራ ባለቤትነት የምስክር ወረቀት የማግኘት መብት በማስፈጸሚያ ህጎችና ስርዓቶች እውቅና ሊሰጠውና ሊከበር ይገባል።

# 4. Sochiin horsiisee bultootaafi beelladootasaanii daangeffamuufi dhorkamuu hinqabu.

## የአርብቶ አደሮችና የእንስሶቻቸው እንቅስቃሴ ሊገደብና ሊከለከል አይገባም።



Horsiisee bultoonni wantoota naannawasaaniitti isaan barbaachisan bishaan, lafa dheedichaafi albuudota waggaa guutuu baatii hunda keessatti waan hin arganneef, wantoota jireenyasaaniif bu'uuraa kanneen barbaaduuf beelladootasaanii waliin bakkaa bakkatti socho'u.

Hawaasni horsiisee bulaan haala qabatamaa naannawaa isaaniitti jijjiiramuu malan akka dandamatu, lafa dheedichaa mijaawaa akka argatuufi qabeenya jirutti gahumsaan akka fayyadamu waan dandeessisuuf bakkaa bakkatti socho'uun horsiisee bultootaafi beelladootaa barbaachisaadha.Sochiin kun yeroo daangeffamuufi dhorkamu lafti/margi garmalee qorqamee dheedamuun laftiifi qabeenyi uumamaa biroon akka miidhaman ykn haphatan taasisa.

Haa ta'uutii, seerri guutuu ta'e qabiyyee lafa waloo horsiisee bultootaaf beekamtii kennuufi eegsisu dhabamuu, hubannoon sirna bulchiinsa qabiyyee aadaarratti jiru gadi aanaa ta'uu, akkasumas hojmaata dadhabaa bulchiinsa lafaafi ittifayyadama lafaa gaarii/mijataa hintaanerraa kan ka'e sochii baratamaan horsiisee bultootaafi beelladootasaanii manca'aa jira.

Kanaafuu, waan lafti dheedichaa, bishaaniifi qabeenyi uumamaa biroon waggaa guutuu bakka tokkotti hinargamneef, horsiisee bultootaaf socho'uun dhimma filannoo osoo hintaane, dhimma lubbuun jiraachuu ta'uun baratamee daangeffamuufi dhorkamuun irra hin jiraatu.

አርብቶ አደሮች አመቱን ሙሉ በሁሉም ወቅት አካባቢያቸው የሚፈልጉትን ውሃ፣ የግጦሽ መሬትና ማዕድናት ስለማያሟላላቸው እነዚህን ለህልውናቸው መሰረታዊ የሆኑ ነገሮችን ፍለጋ ከቦታ ቦታ ከእንስሶቻቸው ጋር ይንቀሳቀሳሉ። የአርብቶ አደሩ ማህበረሰብ ተለዋዋጭ የአካባቢ ሁኔታዎችን እንዲቋቋም፣ ተስማሚ ግጦሽ እንዲያገኝ እና ያሉትን ሀብቶች በብቃት እንዲጠቀም ስለሚያደርግ የአርብቶ አደሮችና የእንስሳት እንቅስቃሴ ወሳኝነት አለው። ይህ እንቅስቃሴ ሲገደብና ሲከለከል ከመጠን በላይ ማስጋጥን በማባባስ መሬትና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶች እንዲጎዱ ወይም እንዲመናመኑ ያደርጋል።

ይሁንና ለአርብቶ አደር የጋራ ይዞታዎች እውቅና የሚሰጥና የሚያስጠብቅ የተሟላ የህግ ማዕቀፍ አለመኖር፣ ለልማዳዊ ይዞታ አስተዳደር ስርአት ያለው ዝቅተኛ ግንዛቤ እንዲሁም ደካማ የመሬት አስተዳደር እና አጠቃቀም ልማዶች የተነሳ የአርብቶ አደሮችና የእንስሶቻቸው የእንቅስቃሴ ባህል በመሸርሸር ላይ ይገኛል። በመሆኑም የግጦሽ መሬቶች፣ ውሃና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶች አመቱን ሙሉ አንድ ቦታ ስለማይገኙ ፤ ለአርብቶ አደሩ መንቀሳቀስ የምርጫ ጉዳይ ሳይሆን የህልውና ጉዳይ መሆኑ ታውቆ ገደብና ክልከላ ሊደረግበት አይገባም።

## 5. Adeemsa ittifayyadama lafaafi bulchiinsa lafaa keessatti hirmaannaa guutuun dhaabbilee aadaa horsiisee bultootaa mirkanaa’uu qaba.

በመሬት አጠቃቀምና አስተዳደር ሂደት ላይ የአርብቶ አደሮች ባህላዊ ተቋማት ሙሉ ተሳትፎ ሊረጋገጥ ይገባል።



Hawaasa horsiisee bulaa keessatti laftiifi qabeenyi uumamaa biroo bu'uura abbummaafi qabiyyee waloo jalatti kan argamu yoo ta'u, kunis aadaa waliiniirratti hundaa'uun waldaa jala jira. Lafti horsiisee bulaa yeroo baay'ee adeemsa seeraafi sirna yeroo dheeraa keessatti guddate hordofuun kan bulfamuudha.

Dhaabbileen aadaafi hoggantoonni, seeraafi sirna kana bu'uura godhachuun sirna gamtaa ittifayyadama lafaafi qabeenya uumamaa biroo hojiirra oolchu. Immaamatniifi tarsiimoowwan mootummaa bulchiinsaafi ittifayyadama lafaarratti yommuu karoorfamaniifi hojiirra oolfaman beekumsaafi dhaabbilee aadaa ofkeessatti hammachuun caalaatti bu'aa qabeessaafi mijataa isaan taasisa.

Haa ta'u malee, beekumsi biyya keessaafi dhaabbileen aadaa kunneen beekamtii seeraa dhabuusaaniitti dabalee adeemsa karooraafi raawwii ittifayyadama lafaafi bulchiinsa lafaa mootummaa keessatti hirmaannaansaanii xiqqaadha. Kanaafuu, adeemsa ittifayyadamaafi bulchiinsa lafaa keessatti hirmaannaa guutuun dhaabbilee aadaa horsiisee bulaa mirkanaa'uu qaba.

በአርብቶ አደር ማህበረሰቦች መሬት እና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶች በባህላዊ የጋራ ባለቤትነት እና ይዞታ መሰረት በማህበሩ ስር ናቸው። የአርብቶ አደሮች መሬቶች በአብዛኛው የሚተዳደሩት በረጅም የጊዜ ሂደት የዳበሩ ደንቦችንና ስርዓቶችን በመከተል ነው። ባህላዊ ተቋማትና መሪዎች እነዚህን ደንቦችንና ስርዓቶችን መሰረት በማድረግ የመሬትና ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶች ተጠቃሚነት የትብብር ስርዓቶችን ያስፈጽማሉ። መንግስታዊ የመሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ፖሊሲዎችና ስትራቴጂዎች በሚነደፉበትና በሚተገበሩበት ወቅት ባህላዊ እውቀቶችንና ተቋማትን ማካተታቸው ይበልጥ ውጤታማና ተስማሚ ያደርጋቸዋል።

ይሁን እንጂ እነዚህ አገር በቀል እውቀቶችና ባህላዊ ተቋማት ህጋዊ እውቅና ካለማግኘታቸውም ሌላ በመንግስታዊ የመሬት አጠቃቀምና አስተዳደር እቅድና የአፈጻጸም ሂደት ላይ ያላቸው ተሳትፎ አናሳ ነው። በመሆኑም በመሬት አጠቃቀምና አስተዳደር ሂደት ላይ የአርብቶ አደሮች ባህላዊ ተቋማት ሙሉ ተሳትፎ ሊረጋገጥ ይገባል።

# 6. Dubartoonni horsiisee bulaa ta'an lafaafi qabeenya uumamaa mirga walqixa argachuu qabu.

አርብቶ አደር ሴቶች መሬትና የተፈጥሮ ሀብት የማግኘት እኩል መብት አላቸው።



Mirgi itti fayyadama qabeenya lafaa dubartootaa heera mootummaa feederaalaa Itoophiyaa keessatti beekamtii argatee jira. Haaluma kanaan, dubartoonni bifa wal qixa taheen qabeenya lafaa karaa wal qixa taheen itti fayyadamuu akka danda'an beekamtii karaa heera muutummaa haa keennamu malee, sababoota garaagaraa irraan kan kaheen mirgoonni itti fayyadama lafaa heera mootummaan mirkanaahe kunnin hojiirra oolchuu irratti hanqinnoonni garaagaraa ni mullatu. Hanqinoota kanniin keessaa, seera itti fyyadama qabiyyee lafaan wal qabatee jiru irratti hubannoo gahaa dhabuu, fi aadaa/duudhaa itti fayyadama qabeenya lafaa dubartootaan wal qabatee hawaasa keessatti mullatu kan eeramaniidha. Itti dabalees, hanqinoota hojiirra ooluu dhabuu seerotoa itti fayyadamummaa qabiyyee lafaa dubartootaa mirkaneessu darbee darbee mullatu eerun ni danda'ama.

Kutaalee hawaasa horsiisee bulaa tokko tokko keessatti, carraan dubartoonni qabeenyaafi lafa waloo argachuusaanii yeroo baay'ee kan murtaa'u miseensota maatii dhiiraatiini.
Hawaasa horsiisee bultootaa keessatti dubartoonni yoo gosa biraa waliin gaa'ela raawwatan qabeenyisaanii namoota biroof akka hindabarfamne, qabeenya akka hindhaalleefi akkasumas akka hinfudhanne seera barteetiin nidhorkama. Kutaalee Hawaasa horsiisee bultootaa tokko tokko keessatti galii gurgurtaa beelladaa kan akka gaalaafi loonirraa argamu dhiironni yoo

to'atan, dubartoonni ammoo galii gurgurtaa omisha beelladaa kanneen akka aannaniifi dhadhaarraa argamu to'atu. Gochoonni loogii kunniin dubartoonni horsiisee bultoonni carraawwan dinagdeefi hawaasummaa hawaasichaa sadarkaa walqixaatti akka hinfayyadamne taasisa. Kanaaf dubartoonni horsiisee bultoonni mirgi walqixaa lafaafi qabeenya uumamaarratti qaban eegamuufi kabajamuu qaba.

የሴቶች በእኩልነት ላይ የተመሰረተ የመሬት ተጠቃሚነት በህገ መንግስቱና በሌሎች ህጎች እውቅና ያገኘ ቢሆንም በባህልና በህግ መካከል ባሉ ልዩነቶች፥ በሴቶች የግንዛቤ እጥረትና ውስን የህግ እውቀት እንዲሁም በቂ የህግ አተገባበርና ተፈጻሚነት አለመኖር የሴቶች የመሬት ተጠቃሚነት ላይ ያሉ ተጠቃሽ ተግዳሮቶች ናቸው።

በአንዳንድ የአርብቶ አደር ማህበረሰቦች የሴቶች የጋራ መሬት እና ሀብት የማግኘት እድል ብዙውን ጊዜ የሚወሰነው በወንድ የቤተሰብ አባላት በኩል ነው። በሌሎች አርብቶ አደር ማህበረሰቦች ሴቶች ከሌላ ጎሳ ጋር ከተጋቡ ንብረታቸው ለሌሎች እንዳይተላለፍ፣ ንብረት እንዳይወርሱ እና እንዳይዙ በልማዳዊ ህግ ይከለከላሉ። በአንዳንድ የአርብቶ አደር ማህበረሰቦች ወንዶች እንደ ግመሎች እና ከብቶች ከመሰሉ እንስሳት ሽያጭ የሚገኘውን ገንዘብ ሲቆጣጠሩ፣ ሴቶች ደግሞ ወተት እና ቅቤ ከመሳሰሉት የእንስሳት ተዋጽኦዎች ሽያጭ የሚገኝ ገንዘብን ይቆጣጠራሉ።

እነዚህ አድሎአዊ ድርጊቶች አርብቶ አደር ሴቶች የህብረተሰቡን ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ እድሎችን በእኩል ደረጃ እንዳይጠቀሙ ያደርጋሉ። በመሆኑም አርብቶ አደር ሴቶች መሬትና የተፈጥሮ ሀብት የማግኘት እኩል መብታቸው ሊጠበቅና ሊከበር ይገባል።

## 7. Adeemsa waa'ee murtii ittifayyadama bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa irratti, hirmaannaan dubartoota horsiisee bulaa dabaluu qaba.

አርብቶ አደር ሴቶች በመሬትና በተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና አስተዳደር ውሳኔ ሂደት ላይ ያላቸው ተሳትፎ ማደግ አለበት።



Adeemsa ittifayyadamaafi bulchiinsa lafaafi qabeenya uumamaa keessatti bakka bu'ummaafi hirmaannaan dubartootaa gadaanaa ta'uun nageenya qabiyyee lafaasaanii mirkaneessuuf qormaata guddaadha.

Sadarkaa bulchiinsaa kamittuu caasaaleen bulchiinsa lafaa gulantaalee hundarra jiran dhiirotaan kan guutamaniidha. Dubartoonni caasaa kana keessatti hagas mara bakka hinbu'an ykn hinhirmaatan. Bakka bu'ummaan dubartootaa walqixa hintaane kun dhaabbilee aadaafi amantii hawaasa horsiisee bulaa keessattis rakkoodha. Hoggantootni aadaa horsiisee bulaa, kanneen ittifayyadama lafaa, qaqqabummaafi bulchiinsa laalchisee murtiii kennan dubartoota daddabarsa aangoo gosaa keessaa baasuun hidda dhaloota dhiiraa qofaaf beekamtii kennu. Walumaagalatti dhaabbilee kanneen keessatti qoodni dubartootni qaban xiqqaadha.

Kun kan agarsiisu hirmaannaan dubartootni sadarkaa bulchiinsaa hundattis ta'e, dhaabbilee aadaa keessatti qaban daangeffamuun, dandeettiin murtii bulchiinsaafi ittifayyadama lafaarratti dhiibbaa uumuusaanii laafaa ta'uusaati. Lafas ta'ee qabeenya uumamaa biraa ittigaafatamummaafi

bifa haqaqabeessa ta'een ittifayyadamuun, kutaalee hawaasaa horsiisee bulaa hunda fayyaduun kan danda'amu yoo hirmaannaa dubartoonni bulchiinsaafi ittifayyadama lafaafi qabeenya uumamaa irratti qaban guddisuun danda'ameedha.

በመሬትና በተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና አስተዳደር ሂደት ውስጥ የሴቶች ዝቅተኛ ውክልና እና ተሳትፎ የመሬት ይዞታ ደህንነታቸውን ለማረጋገጥ ከባድ ፈተና ነው። በየትኛውም የአስተዳደር ደረጃ ያሉ የመሬት አስተዳደር መዋቅሮች በወንዶች የተሞሉ ናችው። በነዚህ መዋቅሮች ሴቶች እምብዛም አይወከሉም ወይም አይሳተፉም።

ይህ የሴቶች ውክልና አለመመጣጠን በአርብቶ አደሩ ማህበረሰብ የባህል እና የሃይማኖት ተቋማትም ችግር ነው። የመሬት አጠቃቀምን፣ ተደራሽነትን እና አስተዳደርን በሚመለከት ውሳኔ የሚወስኑት የአርብቶ አደር ባህላዊ አስተዳዳሪዎች ሴቶችን ከኀሳ ስልጣን ተዋረድ የሚያገሉ እና ለወንድ የዘር መስመር ብቻ እውቅና የሚሰጡ ናቸው። በአጠቃላይ በነዚህ ተቋማት ውስጥ የሴቶች ድርሻ አነስተኛ ነው።

ይህም የሚያሳየው ሴቶች በሁሉም የአስተዳደር ደረጃዎችም ሆነ በባህላዊ ተቋማት ውስጥ ያላቸው የተሳትፎ ውስንነት በመሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ውሳኔዎች ላይ ተጽዕኖ የማሳደር አቅማቸው ደካማ መሆኑን ነው። መሬትንም ሆነ ሌሎች የተፈጥሮ ሀብቶችን በሀላፊነትና በፍትሀዊነት በመጠቀም ሁሉን የአርብቶ አደር የህብረተሰብ ክፍሎች መጥቀም የሚቻለው ሴቶችን በመሬትና በተፈጥሮ ሀብት አጠቃቀምና አስተዳደር ውሳኔ ሂደት ላይ ያላቸውን ተሳትፎ ማሳደግ ሲቻል ነው።



AFD
ACTION FOR DEVELOPMENT
Action For Development
19859
+251 011 662 59 76
E-mail; afdethiopia@gmail.com
Addis Ababa, Ethiopia
Stay connected